Nabiyyiin -nagaa fi rahamatni irra haa jiraatu- salaata hunda irratti wuduu’a godhachaa turan

Amrii bin Aamir Anas bin Maalik irraa odeessee Anas akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahamatni irra haa jiraatu- salaata hunda irratti wuduu’a godhachaa turan, nan jedheen: Isin hoo akkam godhaa turtan? ni jedhe: Hanga wuduu'a hin balleesinetti tokkoo keenyaaf wuduu'uma tokkootu gaha.

[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- salaata waajibaa hundaaf wuduu’a godhachaa turan, wuduu'in isaanii osoo badullee baatee; sababni isaas mindaa fi tola argachuudhaaf jecha. Wuduu’a tokkoon salaata waajibaa tokkoo ol salaatuun ni danda'ama, hanga wuduu’a isaa hin diignetti.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65080